



# Measure Me!

## QAJEELFAMA BARSIISAA



## Haasaa Eerreegaa

### Jechoota Daa'imaa

| Jechoota Herreegaa | Hiikkaa Umrii Sirrii | Sochii Harkaa |
|---|---|---|
| Tilmaamuu | "Shallaggii Gaarii" | Harka alatti baasitii mataa gara maddiitti gadi jallisi.  |
| Safaruu | "Baayyinaa fi ammantaa argachuuf" | Harka walitti qabiitii, adda baasi.  |

### Jechoota Dargaggeessaa

| Jechoota Herreegaa | Hiikaa |
|---|---|
| Ulaagaa -maleessa fi safartuu madaalli ulaagaa | Safartuuwwan madaalli maleessa ta'anis safartuuwwan kanneen yeroo hunda kan itti fayyadamneedha (qabduu waraqaa, waraqaa xixiqqaa, harka, kkf.). Safartuuwwan madaallii ulaagaa ammoo safartuuwwan yeroo baayyee sirna safartuu keessatti itti fayamamaniidha (inchii, miila, metira, giraam, kkf.). |

**Ofiin-Dubbachuu:** yeroo gochawwan keessan himtaniidha. Attamiin ofiitti-dubbachaa safaruu akka shaakalamuurratti fakkeenyaawwan muraasni kunooti:

- Wayita nyaata bilcheessitan, "Bishaan kubbaayyaa 2 fi ruuza kubbaayyaa tokkoon barbaada. Bishaan kubbaayyaa 1, 2 kunooti. Fi ruuzii kubbaayyaa 1 kunooti!"
- Wayita shaqata bittaniitti, "Sababii aannan baayyee dhugnuuf, kaartoonii aannanii guddaa barbaadna! Kaartooniin kun dheeraa fi kaan irras ballaadha, kanaafuu kanatu caalaa!"

**Haasaa- Bukkoo (Waliin Adeemuu):** yeroo gochawwan daa'imaa himtaniidha. Safaruu shaakkaluuf attamiin haasaa-waliin adeemuutti akka fayyadamamu irratti fakkeenyaawwan muraasni kunooti:

- Daa'imtii wayita danqaan xabattuu, "Gamoo hunda caalu tokkoo fi kan dheerina wal fakkaatu qaban lama ijaarte!"
- Daa'imtii wayita osoo dhaqna dhiqataa jiranu xabatan, "qabduu bishaanii guddaa guutuuf jecha bishaan kubbaayyaa afurii itti naqxe!"



ZENO

# Ijaari

## Sarara Tarsimoowwan Barsiisuu WARQEE:

### 22 Wal madaalsisuu fi Safaruuwwan

(Keelloo, Magariisa, Cuquliisa, fi Diimaadii)
Wantoota lama jidduu wal madaallii salphaa taasisi. Wal madaalsiisuun haaluma hammantaa, dheerina, ulfaatiina, bakka ykn qabiiyyee wantootaan akka tuuta xiqqootti tartiiba qabsiisi. Meeshaa safartuu walfakkaatan hedduu fayyadamuun; lakkoofsa fayyadamuunwal madaalchisuun; kaayyoo meeshaalee safartuu ulaagaa beeka. Jechoota safarrii fi meeshaalee safartuu ulaagaa muraasa sirriin fayyadami.



### Kitaaboota Dubbisuuf Gorfaman:

The Best Bug Parade
by Stuart J. Murphy

### Yaada Sirbaa:

Baby Shark
Pinkfong dhaan

# Taphadhuutii Walitti Dhufi

Waa'eesafaruui barachuuf yaadniwwan osoo xabatanuu barachuu muraasni kunooti!

## Daricha Keessatti:

- Barattoonni yoo daree galan, akka fo'aa gargaaramuun ofiisaanii safariin gargaariin. Daa'imman fo'aa mataa saanii irraa kaasuun miila saanii biratti yaa kutan. Wayita wal gahii ganamaatti, barattoonni dheerina ykn ojjaasaanii wal haa madaalchisan. Barattoonnis fa'oo sanatti fayyadamuun dheeraa irraa kaasanii hanga gabaabaatti akka tartiiba wal kaa'an gaafadhu. Barattoonni tartiibaan ofiisaanii akka kaa'aniif gargaari.

- Jidduu Saayinsiitti, barattoonni meeshaalee safartuu adda addaa haa abuuran (miizana, sarartuu, wawaphee fi kubbayyaa safartuu, kkf.).

## Daawwanaa Manaa:

- Tokkoo tokkoo dheerina miseensa maatii wal madaalchisi. Waa'ee haalawwan garaa garaa ittiin ammantaa kee safaruun wal madaalchisu dandeessuu dubbadhu. Ballina uffataa wal madaalchisu dandeessaa? Kopheewwan?

- Nyaata qopheessuuf mucaan kee si yaa gargaaru/tu. Wayita nyaata qopheessitu attamiin akka safartu itti himi. Mee isaan safaruuf haa yaalan!

- Bakka qaama dhiqannaatti mucaa keetiif kubbaayyawwan wal caalan garaa garaa dhiyeessiif. Mee qabdu bishaanii guutuuf kubbaayyaa meeqa akka itti fudhate yaa ilaalan. Tilmaamiitii waa'ee kubbaayyan kun bishaan caalaa akka qabatu dubbadhu

## TARREE WARQII TS

| Sadarakaa Taphaa | Maqaa/ Ibsa |
|---|---|
| Sanyii Waggoota 2 | **Wal Madaalchisaa Si'ataa**<br>Wantoota lama jidduu wal madaallii salphaa taasisi. Wayita kubbaa xiqqoo fi kubbaa minjaalaa agarsiifame, kubbaan minjaalaa guddaa ta'u agarsiisi. |
| Giddina Waggoota 3 | **Qalbeeffataa Baayyina Dheeriinaa**<br>Daa'imti dheerina akka waan namni tokko ittiin beekamuutti adda baasu danda'u. Akkas jechu danda'u, "Gamoon kiyya dheeraadha." |
| Giddina Waggoota 4 | **Wal Madaalchisaa Dheerina Kallattii**<br>Daa'imti wantoota lama wal bira qaamaan diriirsuun, kan wal fakkaatan yoo ta'e kam akka irra dheeratu murtessu danda'u. |
| Abaaboo Waggoota 5 /Kindarii | **Wal Madaalchisaa Dheerina Al Kallattii**<br>Daa'imti dheerina wantoota lamaa safartuu isa kan sadaffaa (kan akka fo'aa)tti fayyadamuun wal madaalchisu danda'u. Dheerina gamoo boca roge jahaa hin hidhamiin ijaaramee safaruuf akkas jedhi, "gamoo dheerina rog- jahaa 10 qabu tolche." |
| Abaaboo Waggoota 5 /Kindarii | **Tartiiba Walitti Fufaa Hanga 6+**<br>Dheerina tartiiba Daa'imaa, kan kutaa 1 hanga 6 kan mullattu. Tartiiba gamoo ijoollee rog-jaheen walqixaan ijaaramee 1 hanga jahaatti dheeraarraa hagan gabaabaatti. Daa'imti amma attamiin meeshaalee safartuu ulaagaatti akka fayyadaman hubachu ni eegalu. Daa'imti miizana irra dhaabbachuun, akka waan waajira doktaraa jiranii fakkeessuu. |
| Abaaboo Waggoota 5 /Kindarii | **Safarraa Dheerinaa Dhumaa -hanga -dhumaatti**<br>Daa'imti waa'ee barbaachisummaa safartuu dheerina -walqixaa yaadu eegalu. Daa'imti hangam akka dheeratu safaruuf danqaawwan kitaaba waliin wal bira naquu ta'a. |

Waa'ee herreega barachuu
dabalatyaa kanarraa baradhaa
**www.zenomath.org/partner-resources/**



ZENO